# Dubartoota irratti seenuu irraa of eeggadhaa». Namichi warra Ansaaraa irraa tahe tokko akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii fira abbaa manaa yoo tahe hoo? isaanis akkas jedhan: «Firri abbaa manaa du'a

Uqbaa bin Aamir irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Dubartoota irratti seenuu irraa of eeggadhaa». Namichi warra Ansaaraa irraa tahe tokko akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii fira abbaa manaa yoo tahe hoo? isaanis akkas jedhan: «Firri abbaa manaa du'a».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dubartoota alagaa walitti akka hin makamne akeekkachiisuun akkana jedhan: isin dubartootatti seenuu, dubartoonnis isinitti seenuu irraa lubbuu teessan eegaa. Namichi warra Ansaaraa tokko akkana jedhe: Fira abbaa manaa yoo tahe hoo? Kan akka obboleessa abbaa manaa, ilma obboleessa isaa, adeera isaa, ilma adeera isaa, ilma obboleettii isaa fi kan kana fakkaatan, warra yoo isiin kan hin heerumne taate, isaanitti heerumuun isiif hayyamamu irraa. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkuma du'a irraa of eeggattan isa irraa of eeggadhaa! jedhan, Sababni isaas firoota abbaa manaa wajjin kophaa ta'uun qorumsa fi badii amantiitti nama geessa, firoonni abbaa manaa kan abbaa isaa fi ijoollee isaa hin tahin alagaa caalaa dhoorgamu qaban, Sababni isaas fira abbaa manaa wajjin kophaa ta'uun nama biraa wajjin kophaa ta'uu caalaa miidhaa fida waan ta'eef jecha, akkasumas namoota biroo caalaa hammeenyi isaa badaa waan ta'eef jecha, fitnaan isaan argamuun caalaatti danda'ama; sababni isaas mormii tokko malee dubartii sana bira gahuu fi kophaa ishee waliin taa'uu waan danda'uuf jecha, akkasumas isa irraa hafiinsi waan hin danda'amneef jecha, isa ishee irraa dhoorguunis hin mijjatu, namichi haadha manaa obboleessa isaa wajjiin kophaa bahuu aadatti waan laaffisaniif jecha; kanaaf inni fokkinaa fi badii qabaachuu keessatti du'atti fakkaata, alagaan immoo akkasii miti; sababni isaas fagootti irraa of eeggannoon gadhama waan taheef jecha.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee